# سُورَةُ الْمُنَافِقُونَ
# Suuraa Munaafiquuna

قبل كل شئ هذه سورة المنافقون

*Dura dursoo suuran tun { Suuratulmun aafiquuna} je'amti.

وهي سورة مدنية

* Isiin suuraa madiina'aati.

وآياتها ( ١١ ) آية

* Aayaanni isiidhaa kudha tokko {11}

وترتيبها ( ٦٣ )

* Lakkooysi isiidhaa jahaatamii sadii { 63}

نزلت بعد سورة الحجر

*Isiin suuraa {hgiji'iitii} booda buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

* Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbiitii waaqa rahgmata qabu.

إِذَا جَاءَكَ الْمُنَافِقُونَ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad,ormi munaafiqaa hogga bakka ati teessutti sitti dhufe,

قَالُوا

*Arraba isaanitiin, waan qalbii isaanii keessan hin jirre , je'an. sun maali ?

نَشْهَدُ إِنَّكَ لَرَسُولُ اللَّهِ

*Nuti akka atti ergamaa rabbii taate, akkaan ragaa baana je'an. Munaafiqa jechuun : nama afaanin islaamaa kan gara'aan kaafiraati

وَاللَّهُ يَعْلَمُ إِنَّكَ لَرَسُولُهُ

*Rabbiin, akka ati ergamaa isaa taate ni beekaa, isaatu si ergee.

وَاللَّهُ يَشْهَدُ إِنَّ الْمُنَافِقِينَ لَكَاذِبُونَ ﴿١﴾

1}*Rabbiin akka munaafiqoonni kijibu akka wanni isaan afaanin je'an garaa isaanii keessa hin jirre raga baya .

اتَّخَذُوا أَيْمَانَهُمْ جُنَّةً

*Isaan si bira dhufanii nuti islaama ati ergamaa rabbiiti je'anii kakatuu,isaanii,gaachina,takkaa waantaa godh atan . akka lubbuun isaanii hin ajjeefamne.akka horiin isaanii, ilmaan isaanii duraan tuqamne.Maalif odoo akkuma gara'aan kaafiraa, islaa maa afaanin muli'isuu baatanii orma islaamatiin wajji jiraatuu hin dandayan .kopha'as jiraatuu hin dandayan isaan araba madiina'aatii .yahuudaa kaafira qulqulluu sa niin wajjis jiraatuu hin dandayan .tanaaf gara'aan yahuuda'aan wajji jiraatanii , afaanin orma islaamatiin wajji jiraatan .duuba shari'aan, waanuma mul'atu laaltii tanaaf islaamummaa afa anii san ormi islaamaa isaanirraa qeeb-

ale .odoo munaafiqummaa isaanii beekanuu waan isaanirraa rnul'atuun .ammallee waan rabbiin nabi muh ammadiif odeessen .

فَصَدُّواْ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِۚ

*Duuba ormi munaafiqaa sun nama hedduu karaa rabbirraa ittisan islaamummaa afaanin mul'isanii, nama amanu'uu deemu,waan hamtuu islaamarraa, itti odeessanii ,kufrii itti bareechanii .takkaa afaanin islaarnayu'uun, orma islaamaa jihaada isaanitti godhu'urraa dhowwan silaa odoo akkuma gara'aan kaafiraa, afaaninis kaafira tayanii , orrni islaamaa jihaada isaanitti godha

إِنَّهُمۡ سَآءَ مَا كَانُواْ يَعۡمَلُونَ ٢

2}*Wanni ormi munaafiqaa dalagu waan hamtuu. Dalagaa badduu. .

ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمۡ ءَامَنُواْ

*Dalagaan isaanii, badduun sun, afaanin amananii,

ثُمَّ كَفَرُواْ

*Qalbi'iin kafaruu isaaniti.

فَطُبِعَ عَلَىٰ قُلُوبِهِمۡ

*Duuba sababaa saniin qalbiin isaanii kufri'iin cufamtee.

فَهُمۡ لَا يَفۡقَهُونَ ٣

3}* Isaan waan iimaanni taye hin beekan

۞وَإِذَا رَأَيۡتَهُمۡ

*Orma munaafiqaa san, hoggaa isaan garte

تُعۡجِبُكَ أَجۡسَامُهُمۡۖ

*Qaamni isaanii si ajaa'ibsa yookaa si dinqa .waan bareeduminaafii qananiin irraa mul'attuuf .

وَإِن يَقُولُواْ تَسۡمَعۡ لِقَوۡلِهِمۡۖ

*Yoo dubbatan ,dubbii isaanii ni dhaggeeffatta. waan arrabni isaanii qara , dubbii me'eessu tayeef .

كَأَنَّهُمۡ خُشُبٞ مُّسَنَّدَةٞۖ

*isaan hoggaa irkatanii taaan wanni fakkaatan, dibaa godatti irkifame. isaan numa tattaa'an malee ,beekkomsaafii, yaada hin qaban .waan hoggaa nabi bira tattaa'an qalbiin isaanii yahuudaa bira jirtuuf jecha.waan qalbiin isaanii iimaanarraa qullaa taatef jecha.isaan mukuma taa'u kan waa **hin** dhageenye , hin beyne , fakkaatan.

يَحۡسَبُونَ كُلَّ صَيۡحَةٍ عَلَيۡهِمۡۚ

*Isaan iyyansuma rnadiinaatti argamu mara, odoo waa iyyaafatu'uuf lallabni , godhamelle'ee , waan munaafiqa lafarraa fixaa.je'anii duula isaanitti kaasan siyanii , garaan bacciseeti , balaa ifirratti eegan waan balleessineefRabbiin nu qixaaxaje'anii.isaan hogguma hunda, haala sodaadhaa keessajiran.jarri sun hanga nama dhi bba sadiyii ni gayan. Mataan isaanii abdullaahii ilma ubayyii ilrna sal uuli isaan warra madiina'aati , kanneen nabi Muhammad gara'aan hin qeebalin ,

هُمُ ٱلۡعَدُوُّ
* Diinni isin seenee,mana keessa isin jiru ,kan bakka hundatti isinitti makamu, jara munaafiqaa kanaa .

فَٱحۡذَرۡهُمۡۚ
*Isaan eeggadhu. sirrii tee isaanitti hin mul'isin .isaan basaasa .Iukkee xilaatatii. kan waan ati jettuufii, waan ati dalagu'uu deemtu eeganii yahuuda'aafii, xilaata islaamaa ,kan biraa hundatti geessan .

قَٰتَلَهُمُ ٱللَّهُۖ
*Rabbi isaan haa balleessuu .

أَنَّىٰ يُؤۡفَكُونَ ٤
4}* Akkarnitti haqarraa maqanii, jallina lixan? odoo ragaan haqaa mul'atee jiruu qur'aanni munaafiqa dubbatee ,azaaba isaanii hamaa aakhira'atti isaan eeggatu hirnnaan.firri munaafi qootaa , kan islaamaa orma munaafiqatti dhaqanii.badii tanarraa dee bi'aa ,araara rabbirraa barbaaddadhaa.nabi muhamrnaditti dhaqaa.akka nifaaqarraa deebitan beysisaa.haa araara rabbirraa isinii barbaaduu .jen naanin didan. Hoggaa san rabiin aayatoota buusee akki je'e

وَإِذَا قِيلَ لَهُمۡ
* Hoggaa orma munaafiqaa saniin je'ame.

تَعَالَوۡاْ يَسۡتَغۡفِرۡ لَكُمۡ رَسُولُ ٱللَّهِ
* Kootaa rasuula bira dhaqaa ergamaan rabbii rabbirraa araara isinii barbaadaa je'aniin, yookaa je'ameen

لَوَّوۡاْ رُءُوسَهُمۡ
*Mataa isaaniti hurgufan qishna'aa jecha

وَرَأَيۡتَهُمۡ يَصُدُّونَ
*Wanni ati gartu isaanii waan itti yaamturraa gara galu takkaa didu.

وَهُم مُّسۡتَكۡبِرُونَ ٥
5}*Isaanii nabitti dhufu'urraa if guddisu, garta . duuba rabbiin nabi muhgammadiin akki je'e'

سَوَآءٌ عَلَيۡهِمۡ
*Jara san isaanirratti wal qixa

أَسۡتَغۡفَرۡتَ لَهُمۡ
* Araara rabbirraa isaanii barbaadduu .

أَمۡ لَمۡ تَسۡتَغۡفِرۡ لَهُمۡ
*Araara isaanii barbaaduu dhabduu .istighfaara isaanii godhu'uufii, godhuu dhabuun kee, wal qixa. faaydaa irraa hin argatan .maalif

لَن يَغۡفِرَ ٱللَّهُ لَهُمۡۚ
* Abaduma rabbiin isaanif hin araaramuu .badii zalaalam isaanitti muree jiraa.

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلۡفَٰسِقِينَ ٦

6}*Rabbiin warra kara'arraa bayuu itti mure , karaa iimaanaan qajeelchu.

هُمُ ٱلَّذِينَ يَقُولُونَ لَا تُنفِقُواْ عَلَىٰ مَنۡ عِندَ رَسُولِ ٱللَّهِ

*Warri munaafiqaa kanneen badiin itti muramte sun, jara warra nabi Muhammad bira jiru, hin qallabinaa .warra makkarraa madiina'atti godaane, hin nyaachisinaa .hin gargaarinaa.

حَتَّىٰ يَنفَضُّواْۗ

*Hanga warri isa birajiru hundi beelayee adda faca'ee , muhgammad qofti, kophaa hafutti. je'anii, nama gorsan .akka warra darasa'aa qaariyaa hin baasinaa. haa shee-kni kophaa hafuu, narnaan je'uuti.duuba rabbiin akkije'e

وَلِلَّهِ خَزَآئِنُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ

*Rizgiin samiidhafii dachii keessa jirtu hundi, ta rabbiitii. furaan rizqi'ii, harka Rabbiiti jiraa. abbaa fedheef hulaa rizqi'ii , banaa abbaa fedhe dhoowwataa, kan warra nabi bira jiruufii, kaa-nillee nyaachisee , obaasu , isaa akkamitti akkas je'an .

وَلَٰكِنَّ ٱلۡمُنَٰفِقِينَ لَا يَفۡقَهُونَ ٧

7}*Haa tayuu munaafiqoonni san hin beekan. waan qalbiin isaanii iimaanarraa cufamtee, beekkomsa haqa diddeef

يَقُولُونَ لَئِن رَّجَعۡنَآ إِلَى ٱلۡمَدِينَةِ

*Ammas orma munaafiqootaa akki je'e yoo madiina'atti deebine, hoggaa akkas je'an diida jiranii.

لَيُخۡرِجَنَّ ٱلۡأَعَزُّ مِنۡهَا ٱلۡأَذَلَّۚ

*Namni irra jaba'aa, nama irra laafaaati rnadiina'arraa baasa, narnni akkana je'e , mataa munaafiqaa {Abdulla ahii ibnu ubayyi ibnu saluul } jabaan laafaa madiina'arraa baasu , kan inni itti fe-dhe isaafii warra isaan wajji jiru munaafiqoota laafan madiin a'arraa ari'amu kan inni itti fed he, nabi Muhammadiifii , warra isaan wajji jiru.duuba Rab-biin isarratti deebisee akki je'e'

وَلِلَّهِ ٱلۡعِزَّةُ وَلِرَسُولِهِۦ وَلِلۡمُؤۡمِنِينَ

*Injifannaan ta Rabbiiti, ammallee ta ra-suula isaati ammallee ta orma islaamaa warra Rabbiif ii ergamaa isaa Muham-aditti amaneeti .Rabbiin munaafiqa mu'm-inarra hin aansu ,akka mitti akkas je'a ?

وَلَٰكِنَّ ٱلۡمُنَٰفِقِينَ لَا يَعۡلَمُونَ ٨

8}*Haa tayuu wallaalatu jechisiisee haa je'uu.rnunaafiqni akka mooyannaan ta Rabbii taate, takka Rabbiin ergamaa isaa gargaaree , xilaata isarra isaa aansu , akka Rabbiin mu'minaa tumsee, munaafiqarra aansu, hin beeku. Gaafni munaafiqni sun akkas je'e , gaaf tok-ko kan nabi Muhammad, ummata tokko kan {banilmusx aliq} je'amutti du-

ulee , cabsee , gara madiina'aa deebi'uudhaf karaa jiru.ga afas namichi sun nama nabi Muhammadiin wajji jiru, Muhaajiroota, hin gargaarinaa, haa madiina'aa nurraa yaa'anii. ammas hoggaa rnadiina'atti deebine , nuti jajjaboon, ward horii qabu, warra laafaa horiin qabne , na biifii , warra isaan wajji jiru , rnadiina'arraa baafna je'e. nabi Muhammad waan inni je'e dhageenyan yaamee, siitu akkas je'ee , je'een duuba asaabonni nabii, ajjeesu'uu kaanan, sodaatee an akkana hin jenne je'ee khakhate. nabi Muhammadis, nageenyi isarratti haajiraatuu , asaabaa irraa dhoowwe.haa tayuu asaabaa nabirraa ilmi munaafiqticha kanaa , yaa ergamaa Rabbii yoo ajjeechaa abbaa kiyyaa feete , namni biraa hin ajjeesinii , anaatu ajjeesee , mataa isaa muree sii fidaa , na ajaji , je'een .jennaanin nabi Muhammad hin tuqinii dhiisi je'een.haa tayuu ilmi munaafiqticha kanaa odoo madiina'atti deebi'uudhaaf duulle yaa'uu habalee baafatee, karaa keessa dhaabbatee , abbaa isaatin akki je'e , nabi Muhammad , jabaa , an laafaa, ji'i je'een. duuba ni je'e.ammas wanni abbaa isaatin je'e : yoo Muhammad, iznii siif godhe malee, anaa jiruu madi ina'atti hin deebituu dhaabbadhu je'eenii , yaa nabii keenya iznii gootafii ? je'ee gaafatee , nabi Muhammad iznii godheefii akkasitti munaafiqtichi mad iinaa seenuu dandaye , akkasitti injifannaan , kan Rabbii , kan nabii , kan mu'minaa , tayuu mul'atte

| | |
|---|---|
| *Yaa warra waaqa dhugo'oomsee rasuula isaa dhugo'oomse . | يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ |
| *Horiin, keessaniifii, joollen teessan isin hin dhowwin. | لَا تُلْهِكُمْ أَمْوَٰلُكُمْ وَلَآ أَوْلَٰدُكُمْ |
| *Zikrii Rabbirraa , salaata sha nanirraa, takkaa ibaadaa Rabbii hundarraa isin hin dhoowwin.isaanii jettanii, waan Rabbiin itti isin ajaje hin dhiisinaa | عَن ذِكْرِ ٱللَّهِ ۚ |
| * Ammoo namni waan nuti hin dalaginaa jenne, didee dalage . | وَمَن يَفْعَلْ ذَٰلِكَ |
| 9}*Isaani ward, dhuga'aan khasaarame. Yookaa bade. | فَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْخَٰسِرُونَ ٩ |
| *Garii,horii nuti isinii kenninee.rabbii je'aadhaa kennadhaa. | وَأَنفِقُوا۟ مِن مَّا رَزَقْنَٰكُم |
| *Odoo tokkoo keessanitti, duuti dhuftee | مِّن قَبْلِ أَن يَأْتِىَ أَحَدَكُمُ ٱلْمَوْتُ |
| *Yaa rabbi,maalif waa xiqqo,boodanan aansin. | فَيَقُولَ رَبِّ لَوْلَآ أَخَّرْتَنِىٓ إِلَىٰٓ أَجَلٍ قَرِيبٍ |
| *Zakaa baafadheetan,waanan qabu sadaqadhee | فَأَصَّدَّقَ |

وَأَكُن مِّنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ١٠

10}* Warra tolerraa tayaa hin jenne takkaa hin sheenoyne, dafa'aa zakaa baafadhaa, hajjii godhaa, waa sadaqadhaa .

وَلَن يُؤَخِّرَ ٱللَّهُ نَفْسًا إِذَا جَآءَ أَجَلُهَاۚ

*Lubbuu takkallee, Rabbiin boodan aansu waytii ajalli yookaa duuti isi'ii dhufterraa, waa xiqqollee ..

وَٱللَّهُ خَبِيرُۢ بِمَا تَعۡمَلُونَ ١١

11}*Rabbiin waan isin dalaydan hunda keessa beekaa, irraa isin gaafataa beekaa. Gaarii taatu jannataa, hamtuu taatu qixaaxaa yoo rabbiin rahgmata namaan godhin.